AFAAN OROMOO – *"Who will deliver me?"*


# EENYUTUU ASI NABAASAA ?

Sanbata tokko Mandaraa Leessoto kessatti dinqisiisa wangeela Waaqayyoo lalabaan ture. Namoonni baayeen waldaa sanatti sasaabamanii ture Jareen sanaa waajiin Mootiin saani nitiisa wajiin dubbii Waaqayyoo dhageefachuuf dhufee ture. Dubiin Waaqayyoo inni qara qabuu garaa karaa lamaan qaramee garaa lapphee namatti badhisee dhufaa ture.

Otuma lalabamaa jiru haatimanaa motichaa giiftiitiin bohuu jalaqabdee. Himimaan fuula ishee irra yaa'uu qabe "Asi eenyutuu nabaasa? Maloo nagargaara Lapheen koo baayee gadee jira anii nama dhibduudha ani nama lapheenkoo hadhayeedha eenyutuu unagaargaara danda'aa? Hundii keesaan na beektuu anii haadha mana motichaati kana qoba mittimoo waraa Waaqayyoo kadhatanii wajjiniis yeroo hundaa nan kadhadha.

Waagaa digdamaa ol waldaa Waaqayyoo kessaas nan ture. Haats'u malee kun hundinuu nagaargaaree naqulquleesuu hindandeenyee cubuun

**EENYUTUU ASI NABAASAA?**



nahidheera. Ani dhugduufi nama ajjestuu (Lubbuu baaftuu) harkikoo hunda xurayee farsoo naqudhaan, dhuguudhaan cubuun harkakoofi millakoo hidheera ani hidhamtuu."

"Nagaargaara. Nagaargaara! Asi eenyutuu nabaasaa? Eenyutuu Finyoo sibiilaa cubbu na irra hiikaa?" Waanan dhimma baasu hindubbadhu; ani waanan jibbun hojjedha malee, waanaan jaaldhuu hin hojjedhu. Waanan hinjaalanne nan hojjedha ergan ta'ee immoo, seerri gaarii ta'uu isaatti walii galuukooti. Waanan hinjaalanne kanas cubbuu isa nakeesa jiruu nahojjechisaa malee, anatu hojjeta miti, Waangariin tokko illee ana keesa akka hinjjiree ani beeka; aniwaan garii isaanii jaaldhuu hingodhu; waan hamaa isa ani hinjjalanne garuu nan hojjedha. Ammas waanan hinjaalanne yoon godhe egaa si'achi cubuun isa hojjeta miti. Egaa ana isa waan garii hojjechuu baarbaadutti, waantti hamaan harka kootti dhufuun seera ta'uu isaa nan arga. Anii keesa namummaa kootiitiin seera waaqayyotti nangammada. Seerri kanbiraa immoo bu'aa dhaqna kootii keesaa, seera isa yaadani garaakootti fudhatee wajjiin utuu walloluu nanarga, lola kanaanis seera cubbuu, isa bu'aa dhaqna kooti keessatti hojjechaa jiruu jalatti na boojisiisa. "Ana nama gadadamaa, foon isa gara du'aatti nageesuu kan harkaa eenyutuu nabaasaa?" Kara gooftaa keenyaa Yesuus Kiristoos waaqayyoof galanni haata'uu! Akka kanatti ani ofii kootii yaada garaa kootiin, Seera waaqayyoof nan hojjedha. Namummaan kaa isa fooniitiin garuu seera cubuuf nan hojjedha. (Rom. 7:15-25). Tuure tuuree boonyii kun hunda waaliingahuunsaa hin olee "ani malii namni abaaramaan eenyutuu asi nabaasaa?" Jechu jaalqabani.

**DEEBIISAA**


*I/Michi yoo birmaduu isiin baase, egaa isiin warra birmaduu baatandiha. (Yoh. 8:36)*

Fayyinnis Yesuus Kiristoos duwwaadhaan malee kan biraatiin tokko illee hin jiru, maqaan kanbiraa, ittiin fayuun kan nuuf ta'u, waaqa jalaa namootaaf hin kennamne ho. (Erga. 4:12). Yesuus qobaatu cubbuu keenyaa hunda nuraa dhiquu danda'a. Dookteeri mittii, qoricha mitii, qaalumma nama mitii, sheekii mitii, toshituu mitii, warra dubbwaaqayyoo lallabuu mitii, waldaa kiristaana mitti kan cubbu keenya nu irraa dhiquu nagaaf jireenyaa kan nukeennu Yesuus qobaadha. Inni hoolaan Waaqayyoo cubbu biyya lafaa kana irratti hanfudhatee dhigasaatiif humna affurasaatiin nufayyisuu hindanda'aa.

Yesuus ilmii Waaqayyoo kan biyya lafa keessatti dhufee "Ija warra jaamaa akka bantu, warra hidhaman akka hiiktuu warra hidhaman akka hiiktuu dukana mana hidhaa keesaa jiraniia akka baaftu sin godha." (Isa. 42:7). Kana irratti Yesuus, "Dhuguma dhuguumaan isinitti hima, namni cubbu hojjetee hundinuu qoricha cubbuuti. Garbichi barumaan iyyuu maatii

gooftaan isaatti hin lakkaa'amua, ilmichi gatuu yoom iyyuu maatii abbaa isaatti hinlaa'ama. I/michi yoo birmaduu isiin baase, egaa isin warraa birmaduu baatanudha. (Yoh. 8:34-36). Abbaa dhugaa kan ta'e Yesuus dhugumaan isiin qulqulleesuu nidanda'a.

Yesuus ilmii Waaqayyoo cubbuu keenya hundumaa foonsaatiin cubuun keenya hundumaa fannoo irratti rukutameera. Namoonni isa tuffatanii isairraa hingoran inni nama dhiphinnifi mudamni itti baayatee turee, inni akka nama tufatanii, achii ilaalanii bira darbanii in ta'e, nuyis homaatti iyyuu isahin lakoofine. Innis garuu dhuguumaan dhiphina keenyaas ofirra inkaa'e, muudama keenyaas hiinbaate, Nuyiis garuu akka waan Waaqayyoo dha'icha isatti fidee, akka waan innis isa rukutee gadisaa deebistti lakoofinee. Inni garuu baallesaa keenyaaf hinwaaranamee. Sababii yakka keenyaafis reebame, hincacabsaame, nuhii nagaa akka argaanuuf inni inadabamee, madaa'uu isaatiin fayyinni nuuf hinargame. Nuyi hundumtii keenya akka hoolata karairra badnee turre, odduma addanis kara-karaa hingorre Waaqayyoo garuu yakka hundumaa keenyaa isa irra inkaa'e. Isa hincunqursaan, hindhiphisaan, inni garuu waan tokko iyyu hin dubbanne, akkuma ilmoo hoola ishee qalamuudhaaf geefatamtuutti hinoofame, akkuma hoolaan yommuu rifeensa irraa muraan caljjettus, inni calluma jedhe, afaan isaa hinsaaqqanne. (Isa. 53:3-7).




*"Kanaafi ilmii Waaqayyo birmaduu isiin bassa isiin dhugumaan birmaduumma baatu. (Yoh. 8:36).*

Baarbaan cubbamaaf Lubbuu baasaa kan ta'e duuni haan murteefameef fannoo irratti raarafamuudhaafiis kan turee bakka isaatti Yesuus fanno Baarbaan baachuun kan isa irra ture Yesuus baateef irrattis fannifamee

dueef Yesuus ilmii Waaqayyoo fannifamee bakka Baarbaanitti waayee keetiif waayee kootiif waarra lubbuu basaniif cubbuma hundaa qulquuleesuuf inni nu du'ee, atiif ani nuhundinuu Baarbaani.

Mindaan cubbuu du'a kenaan Waaqayyoo kara Yesuus Kiristoosiin jireenya barabaraatti yoo abddidhaan fanno Yesuus Kiristoos isa irratti atiif cubbunkee fannoo irratti fannisamuu keen ni hubattaa? Yesuus bakka cubbulee fanno irratti fudhateera akka atii jireenya bara baraa jiratuuf dhigaasaa siidhangalaase dhifamaa cubbuuf jireenya bara baraatiif waan Waaqayyoo sijaalateef ilmasaa tokkicha sikennee kunis akka ati hinduuneef jireenya barabaraa akka aggatuuf.

Haatimana Mootichaa dhega dubii Waaqayyoo kana dhageese booda Yesusiin abddatte lapheeshee hundaa kenniteef cubbamaa lapheeshee Waaqayyoo kennite innisimmoo laphee haara keeneef hafuura qulquluutiniis cibbamaa kessaas ishee baase isan bodee waggaa bayeef gammachudhaan jireenya mootumma jiraachuu dandeesee. Dhugatii amma hindhgduu, tamboo hinxuuxxu, afaanis hinkaawwatuu, baala hinnyaattu/baala meetiifa/ waan nama cubbisisu hunda dhistee jireenya qulquluummaa jiraachu ittifuuftte kanaan booda qulqulummasheetiin eedoo baayyetti beekamtte. “Kanaffis namnii kan Kiristoos yoo ta‘e, uumana haaradha, inni moofaan darbe, kunoo inni haraan dufeera.” (2 Qor. 5:17).

Waraqaa kana atiis yoo dubbistuu atiis qulquula'uu barbaadaa? Inni Yesuus Kiristoos akkana jedha “Yesuus itti fufe,” Isin warri itti dhamaatani dadhabdaani, ba'aanis kan isinitti ulfaate hundinuu gara koo kottaa, ani boqonna isinifaan kennaa. (Mat. 11:28). Gara Yesuusitti kotuu edodhuma jirtutti akkuma jirtutti cubuukee hunda itti himadhu, rakkokees laphee cabeef gara isaatti yoodhuftee inni yakka kee siifin dhiisa, dhukuba kee hundumaattiis sifayyisuuf. (Far. 103:3).

Yoomuu lapheeke hunda Yesuusif kennitte fayyina arggachuu, Yesuus isa bilisa sibaase warri kaaniis biliisa bahaaniif wara sirraa dhaga'uu barbaada.

*J.R. Gschwend.*

---

If you have found salvation in Christ, or have been otherwise blessed through our Gospel literature, please let us know. We would like to thank God with you, and remember you further in our prayers. **Our Heart of Man Book can now be downloaded in 480 different languages onto cell phones, tablets, etc from our website www.angp-hb.co.za.**

For free Gospel literature, books and tracts in over 540 languages, write to:

**E-MAIL: info@angp.co.za**

**ALL NATIONS GOSPEL PUBLISHERS**

**P.O. Box 2191, PRETORIA, 0001, R.S.A.**

(A Gospel Literature Mission financed by donations)

(Reg. No. 1961/001798/08)